This scenario provides a major opportunity for sustainable development, both in socioeconomic terms, but also to protect Ethiopia's unique biodiversity. Capitalising on this opportunity, however, will require an inclusive, collaborative and proactive approach that brings together local people,

- ✔ Nyaata garagaraa soorachu irra kan ka'e fayyuman ummataa ni foyyaa'a.
- ✔ Aadaa fi duudhaan uummataa akka kabajamu taasisa
- ✔ Hariiroo hawaasaa, wal qixxuma fi tumsii hawaasaa keessatti daraan olaanaadha.

## Sodaa

- ✗ Guddini dinagdee haala tahuu dandahuu kan biroo wajjin walbira qabnee yoo ilaalluu ariifataa miti.
- ✗ Sartafikeeti oomishaa haalaa umamaa argachuun ulfaata waan ta'eef, qonnan bultotni grgaarsa qaama biro ni barbaadu.
- ✗ Hanqinni lafaa fi eguumsa bosonaa gochuun oomishaa gaha omishuuf rakkoo ni umaa.
- ✗ Milkaa'inni haala tahuu dandahuu kanaa fedhii fi dandettii walguurmeessuu irrati kan hundaa'e dha.

## Mul'isa

Haala tahuu dandahu kun misooma walirraan cinnee gama hawaas-dinagdee akkasumas eegumsa lubbuu qabeeyyii uumamaa kan naannoo kana qofatti argaman eeguuf carraa ni kenna. Carraa kana itti fayyadamuuf garuu, adeemsa hirmaachisaa tahee fi dursanii tarkaanfii fudhachuu



policy makers, and non-government experts. Key challenges relate to the development and implementation of appropriate land use strategies, including modern organic farming methods and the development of tourism as appropriate. This task is not only managerial, but hinges on the involvement and empowerment of local communities. Eco-friendly certification of local products – including coffee, honey and food crops – also needs to be a high priority, and will require the strengthening of international linkages. A potential risk of this scenario is that economic development initially may be slower than in some other scenarios. For this reason, this scenario requires a long-range and holistic perspective that recognises the long-term benefits of increased resilience and sustainability for local communities.

kan gaafatu tahee qooda fudhatonni kan akka uummata naannoo, warren seeraa fi tarsiimoo qophessan akkasumas dhaabota miti-mootummaa adda adda waltumsanii hojjechuu gaafta. Adeemsa fayyadamiinsa lafaa, malaa qonnaa orgaanikaa fi tuurizimi dabalatee hojii irra oolchuun danuu barbaachisaa dha. Hojii kun hojii bulchiinsa qofaa osoo hin taane, hawaasa naannoo aangeessu ni dabalata. Sartafikeetii oomishni midhaanii, bunaa, fi dammaa kun kunuunsa naannoo umamaawajjin akka walisimate oomishame kan argasiisu sadarkaa idil-adunyaarratti hariiroo hundessuun raga kana argachuun dursa kennamufin barbaachisadha. Sodaan haala tahuu dandahuu kanaa kan maddu guddinni diinagagdee haalota tahuu dandahan kan biroo wajjin yoo madaallu suuta jedhaa dha. Sababa kanaaf, haalli tahuu dandahuu kun faayidaa yeroo dheeraa, walirraan cinne fi bu'aa inni dandamannaa uummataaf kennu huubachuu fi xiinxala keessa galchuun barbaachisaa dha.



# Chapter 6



## FOOD FIRST: INTENSIVE FARMING AND FOREST PROTECTION

# Boqonnaa 6



## DURSII SOORATA: HAALAAN QOTUU FI EEGGUMSAA BOSONAA

# Chapter 6

## Food first: intensive farming and forest protection

### Summary

The government has pushed for commercialised food production in southwestern Ethiopia and has protected existing forests to meet its global commitments. Climate change has made coffee production unviable in the southwest, and food production elsewhere in the country is also failing. Large amounts of food (primarily for sale within Ethiopia) are now produced in the southwest through



# Boqonnaa 6

## Dursii soorata: Haalaan qotuu fi eeggumsaa bosonaa

### Cuunfaa

Mootummaa biyyaa Itiyoophiyaa lixaa Oromiyaattii oomishaa midhaan nyaataa (soorata) daldalaa oomishuudhaaf tattaffii guddaa godheera. Kanumaan walqabatee bosonni amma jiru akka kunuunfamee kaayyoo eeggumsa bosonaa galmaan akka gayuu godhaa jira. Sababa dhiibbaa jijjirama haala qillensaarraan kan ka'e naannoo kibba lixaatti oomishni bunaa akka akka badu godhee jira. Gama biraatiin immoo bakkeewwan biyyattii biro keessattis oomishni midhaan nyaataa gadi bu'ee jira. Oomishni midhaan nyaataa heedduminaan mala qonna ammayyaahe fi qonna gurguddodhaan fayyadamuun omishamee gabaadhaaf (Gabaa biyya keessaaf kan oolu) kibba lixaa Itiyoophiyaattii oomishamaa. Oomishni kuduraaf fuduraa, naannoo jiidhinnaa guddaa qabutti immoo qonna midhaan boqqolloo fi xaafii, dabalataani lafa kaloo gabbisa loonif oolu heedduminaan naannoo kana keessatti mul'atu. Iddoon hafe immo kan bosonaan uwwifamee tuttuqaa namaa irraa dhorka tahee ciminaan akka eegamu ta'ee jira. Mala qonnaa ammayyaahe fayyadamuurran kan ka'e akaakuun lubbu qabeeyyii lafa




***Fig. 6.*** *A street scene in the scenario "Food first: intensive farming and forest protection".*

***Fakkii 6.*** *Fakkii mul'isa "Dursii soorata: Haalaan qotuu fi eeggumsaa bosonaa".*

intensive, large-scale agriculture. The landscape consists largely of fruit and vegetable plots, maize and teff fields in the wetlands, and pastures for beef fattening. Remaining forest areas are strictly protected and not accessible to locals. Farmland biodiversity has plummeted due to intensive management, but forest biodiversity remains high. Some farmers are better off, but

qonnaa daran ni xiqqaata. Haata'uti garuu, sababa eegumsa bosonaarraan kan ka'e akaakuun lubbu qabeeyyii bosona keessaa akkuma jirutti itti fufa. Qonnaan bultoonnii muraasni haala fooyya'aa irrattii argamuu, garuu, namoonni lafa hin qabneefi warren carraa mala qonnaa ammayyaa fayyadamuu hin dandeenye hiyyummaadhaaf ni saaxi-

poverty is widespread among those who lost land and could not capitalise on new agricultural opportunities – their food security is low. Community resilience is limited due to fluctuations in climate and markets, and many poor people emigrate to urban areas.

lamu- wabii nyaataasaanii mirkaneefachuu hin dandahani. Dandettin dhiibbaa jijjirama qilleensaa fi qaalayinsa gatii gabaa dandamachuu uummata ni xiqqaata, namoonni harka qalleyyii heeddunis gara magaalaatti ni goodaanu.

## Detailed scenario description

Due to climate change, coffee production has shifted to higher altitudes, and growing coffee has become unviable in most parts of southwestern Ethiopia due to frequent outbreaks of coffee pests and diseases. At the same time food production in the dryer parts of Ethiopia has seen a sharp decline due to increasingly frequent droughts. Given declining coffee production locally and stagnating food production in other parts of the country, the Ethiopian government declared the southwest a priority area for producing crops, fruit, vegetables, and beef. As a consequence, a rapid transition towards industrialised agriculture with high-yielding varieties and high agro-chemical input was realised. Modern agriculture almost completely replaced traditional small-scale farming and eroded local knowledge. The boost in land use intensity and efficiency required large-scale land consolidation, including the clearing of woody vegetation and cropland expansion. Flat areas including drained wetlands are now dominated by large cereal fields. The hills and steeper slopes are used for

## Ibsa bal'inaan haala tahuu dandahu (scenario) kanaa

Sababa jijjiirama qilleensaa irraa kan ka'ee, oomishinii bunaa gara lafa gaarattii olsiqee jira, akkasumas sababa babal'achuu dhukkubni bunaa irraan kan ka'e oomishinii bunaa kibbaa lixaattii naannoo hedduu irraa bada. Bifuma walfakkaatuun sababa babal'ina goginssaa irraa kan ka'e oomishni midhaan nyaataa bakkewwan biro biyyattii keessaa baayyee gadii bu'a. Sababa oomishni bunaa naannoo kanaa hir'atuuf, akkasumas oomishni midhaan nyaataa iddoo biroo waan hir'ateef, mootummaan karooraa fi xiyyeffannoo isaa gara kibba lixa biyyatti gochuun oomishaa midhaan nyaataa, fuduraa fi kuduraa akkasumaas sangaa gabbisuudhaaf akka oomishamu godhe. Haaluma kanaan, qonni industurii akka babal'atu, sanyii filatamaa fi xaa'oo fi keemikaalli bal'inaan akka fayidaara oolu taasifameera. Qonnii ammayyaa mala qonnaa aadaa bakka waan bu'ees muuxanno fi ogummaa aadaa uummataa akka baduu taasisee jira. Fedhiin oomisha dabaluu fi barbaachisummaan lafa qonnaa babal'aan jiraachuun bosonni ciramee lafti qonnaa gara bosonaatti akka siqu taasi-

intensified fruit and vegetable production, commercial honey bee keeping and beef fattening. The transition of the farming system was facilitated by cooperatives that provided infrastructure for inputs, marketing and financial support. Farmers had to specialise and commercialise their production, now using large amounts of pesticides, artificial fertilisers, seeds and fodder. Local crops have been replaced by fast growing new varieties that require large amounts of pesticides and fertilisers. Farming has been mechanised as much as possible, with government-owned tractors being available for hire to work the larger stretches of cropland in the flat areas. The intensification of agriculture has led to a deterioration of natural capital in farmland, decreasing soil fertility even further, and hence increasing the dependence on external inputs and new crop varieties. Freshwater sources are polluted from agrochemicals. Virtually everything harvested is sold to markets. Storage facilities and processing plants have been set up in the larger towns.

To limit further expansion of farmland, to reduce potential impacts of climate change and to satisfy international pressure for nature protection, the remaining patches of natural forest are put under strict protection. The resulting protected areas have been partially fenced to limit illegal forest use but also to reduce crop raiding from wild animals. Despite strict protection, the fragmentation and

seera. Naannoowwan diriiraa ta'aanii jallii isaanii caffaa ta'ee oomishaa midhaaniitii hojii irra oolanii jiruu. Naannoo dirree hin ta'iinii fi bakkeewwan hallayaa ta'an oomisha fuduraa fi kuduraa, oomisha dammaa, fi sangaa furdisuuf oolee jira. Waldaaleen hojii gamtaa dhiyeessi akka xaa'oo, tajaajila gabaa fi liqii waan kennaniif malli qonnaa gara ammayaahuti ceheera. Qonni lafa diriiraa tiraaktera mootummaan dhiyeessun qotamu.

Qonni hammayaahuun qabeenya uumamaa lafa qonnaa irra jiru gadii hir'iseeraa, keemikaalli qulqulina bishaanii faaleera, oomishummaa biyyee waan hir'iseefi qonnaan bultonni omisha isaanii dabaluuf xaa'oo fi keemikalota dabalataa irratti hirkattummaa isaanii dabaleera. Hedduun oomishaa qonnaa kun gara gabayaatti dhiyaata. Meshaan kuusaa midhaanii fi warshaaleen midhaan nyaataa qindessan magaaloota gurguddoo keessattii hundeefamaniiru.

Bal'innii lafaa qonnaa dhaabuuf, dhiibbaa jijjiramaa qilleensaa hir'isuudhaaf akkasumas dhiibbaa mootumonni addunyaa eeggumsa qabeenya uumamaaf kennanirraa kan ka'e hammii bosona hafee eeggumsa cimaadhaan kan eegamud dha. Hammi bosonaa eeggumsa jalaa jiruu ittii fayyadama bosonaa seeraan ala ta'ee hambisuuf akkasumas dhiibbaa bineensa bosonaa hirdhisuus dallaan itti ijaaramee eegama. Bosonnii haala gaaridhan kan eeggamuu taatullee bosonnii eeggumsaa jala jiru waan

isolation of remnant forest patches has led to further decreases in forest biodiversity. Large-scale deforestation combined with intensification of agriculture has led to widespread soil erosion, which the government now tries to tackle by building dams and water channels.

Large-scale land consolidation has increased overall inequality in the region, and left many people without access to land. While farmers who managed the transition and received land are relatively well off, others remain poor. Some managed to get employment on other people's farms, but opportunities are limited because of high levels of mechanisation and a focus on efficiency. Other people have emigrated to towns in an attempt to make a living by working in one of the many food processing factories. With modernisation, individualistic behaviour has increased, and cultural identity and community cohe-



bittinnayee argamuuf lubbuu qabeeyyiin bosona keessaa akka hir'atuu godhee jira. Ciramuun bosonaa fi babal'achuun qonna ammayaahe kun dhiqama biyyeef saaxileera, haa ta'u garuu mootummaan rakkowwan kana furuuf hidhaa fi bo'oo bishaanii ijaaruudhan dandamataa jira.

Lafa bal'aa tahee namonin muraasni qabachurraan kan ka'e walqixxumman namoota giddu jiru akka hir'atu taasisee waan jiruuf namonin heeddun lafa dhabeeyyi tahu. Qonnaan bultoonnii jijjiramattii fayyadamuu danda'aaniifi lafa fudhataan jireenyaa fooyya'aa keessa kan jiraatan yoo ta'uu, kanneen hafan hiyyeeyiidha. Gariin isaanii lafa qonnaa nama biroo irrattii qacaramanii hojjatuu, haata'uumalee, sababa maallii qonnaa makaanaayzeshini (traktara) ta'ee fi bu'aa qabeessuummaa irrattii waan fuullefateef, carraan hojii argachuu isaanii baay'ee xiqqaadha. Namoonnii hedduun immo hojii warshaa keessatti qacaramuuf jecha gara magaalaatti ni godaanu. Sababa qaroominni ammayyaa gudaataa dhufeef, qofummaan ni dabala, aadaa fi hariiroon hawaasaas akka baduu taasiseera. Yeroo kana namoonnii hedduun nyaata mala ammayyaatiin warshaa keessatti oomishamee qophaa'e kannen akka foon fi aannan bakka birootti oomishame qofa soorachuuf ni dirqamu. Kana waan taheef gosti nyaataa addaa addaa fi madaalamaa tahee lafa qonnaa irraa osoon taane gabaadhaa bitamee kan sooratamu taha. Kunis haala gabaa

sion have been eroded. People now mainly eat purchased and processed food, including processed meat and dairy products imported from elsewhere. Dietary diversity no longer comes from diversified cropping, but depends on what is available and affordable on the market. Due to specialisation and commercialisation, the resilience of farmers is primarily based on financial capital. However, due to crop specialisation and the loss of many ecosystem services, farmers are not resilient to climate change, and, despite increased financial capital, some are forced into debt after unfavourable years with low harvests. Moreover, people are strongly affected by market price fluctuations to sell harvests and buy food, which further decreases their resilience. Population growth remains high, particularly among the poor. Many of the poor emigrate to towns and cities, putting additional pressure on increasingly large urban slums (Fig. 6).

## Opportunities

- ✔ Forest protection is good for biodiversity and can help to mitigate the negative effects of climate change.
- ✔ Increased production of food crops and beef increases incomes and food security.
- ✔ Resource allocation is efficient because of the clear segregation of production and conservation areas.

fi dandeetti (qabeenya maallaqaa) irratti hundaa'a. Sababa qonna gosa tokko fi ammayahee taheef, dandeettin dandamannaa qonnaan bultootaa qabeenya maallaqaa isaanirratti hundaa'a. Haata'uu malee, sababa midhaan gosa tokko qotamuu fi faayidaan bosona irraa argamu hir'ateef, qonnana bultotni dhiibbaa jijjirama qilleensaa dandamachuu hin dandahani. Qabeenya maallaqaa qabaatanille, namoonni muraasni bara omishni gahaan hin oomishamne liqii keessa ni galu. Dabalataaanis, sababa gatiin gurgurtaa midhaan oomishamee fi gatiin bittaa midhaan nyaataa bitamu jijjiramuuf namoonni heeddun dandeetti rakkoo dandamachu hin qabaatani. Baay'innii ummataa daran dabaleera, keessattuu hawaasa harka qlleeyyii ta'aan keessatti. Namoonni harka qalleeyyin hedduun isaanii gara magaalota gurguddoottii ni godaanu, kunis naannoo rakkoo baay'ina namaa magaalota keessa jiru daran ni hammeessa (Fakkii 6).

## Carraawwan

- ✔ Eeggumsii bosonaa kunuunsa lubbuu qabeeyyif ni fayyadaa akkasumas rakkoo jijjiramaa qilleensaa furuuf ni gargaara
- ✔ Oomishni midhaan nyaataa fi loon horsiisuu dabaluun galii fi wabii nyaataa ni foyyessa.
- ✔ Lafa oomisha qonnaa fi lafa eegumsa bosonaa adda baasuun itti fayadama lafaa ni foyyeessa.

✔ Productive new agricultural technologies and practices might spread.

✔ Development of the region is driven by local people, to the benefit of many of them.

## Risks

✗ The high use of agrochemicals can cause pollution and environmental degradation, including reduced water quality, reduced soil fertility and biodiversity loss.

✗ The loss of trees from farmland could increase soil erosion and reduce water availability, causing greater vulnerability to climate change.

✗ Monocultures of high-yield crops in combination with a decline in natural pest control agents increase vulnerability to pests and diseases.

✗ Farmers might become increasingly dependent on costly inputs obtainable from markets or large companies.



✔ Teeknoolojii qonnaa haraayafi mala qonnaa haaraatti fayyadamuun babal'achuu ni dandaha

✔ Gudinni naannichaa kan dhufu ummatuma naannoo sanaan yoo ta'uu kunis hedduu isaanittif faayidaa kennuu danda'eera.

## Sodaa

✗ Keemikaalaa qonnaa hedduutti fayyadamuun faalamuu qilleensa fi manca'u qabeenya uumamaaf ni saaxila. Fakkeenyaaf qulqullinna bishaanii ni hir'isaa, oomishitummaa biyyee ni hir'isa, akkasumas lubbuu qabeeyyi heeddu ni mancaasa.

✗ Mukeewwan lafa qonnaa irraa dhabamuun isaanii dhiqama biyyee ni heddumeessa, argama bishaanii ni hir'isa kunis jijjirama qilleensaatiif akka saaxilamnu taasisaa.

✗ Qonnaa midhaan gosa tokko qotuun ilbisoonni faayidaa qaban akka badan taasisuun ilbisoonni fi raammoon midhaanii miidhaniif akka saaxilaman taasisa.

✗ Qonnaan bultoonni calla guddistuu qaalii ta'an gabaa dhaa yokiin warshaaleerra bitanii fayyadamuf hirkattumaa isaanii dabal.

✗ Babal'ina bu'uraalee misoomaa (kannen akka daandii fi kuusaa midhaanii) fi teeknoolojii qonnaa

- ✗ Initial investment needs to be high in infrastructure such as roads and storage facilities, as well as to facilitate agricultural knowledge transfer and technology (e.g. improved varieties, irrigation).
- ✗ High upfront costs may exclude many local people, causing major inequalities within local communities.
- ✗ Many people would lose access to forests, thus losing the possibility to use and sell forest products.
- ✗ Increased use of agrochemicals poses health risks.
- ✗ Traditional farming culture and community cohesion may be lost.

mirkaneessuf gatiin inveestimantii yokaan baasiin jalqabaa guddaa tahuu qaba.

- ✗ Kaapitaalli jalqabaa guddaa tahuu irraan kan ka'e namoonni heedduun fayyadamuu hin dandahani, kun immoo, walqixxummaan uummata giddu akka hin jiraanne taasisa.
- ✗ Namoonnii hedduun faayidaa bosonaa argachuu hin danda'ani, kunimmoo bu'aa bosona irraa argamu funaanani akka hirgurgurre fi hin fayyadamne taasisa. danda'u.
- ✗ Keemikaala qonnaattii heedduminan fayyadamuun rakkoo fayyaaf saaxilaa.
- ✗ Mallii qonnaa aadaa fi tumsi hariiroo uummata giddu jiru baduu ni dandaha.



## Implications

Against a historical background of frequent food insecurity in Ethiopia and rapid loss of native forest, major benefits of this scenario are that it provides food to the nation and provides some safeguards for local biodiversity. While these are important strengths, proactive management is needed to ensure that the benefits of this scenario are not only short-lived. High use of agrochemicals as well as clearing of native trees in the farmland could lead to land degradation. Hence, it will be important to pay close attention to best practice principles in natural resource management – including eco-friendly modern approaches such as composting and the targeted use of manure. In addition, smallholders may need financial and technical assistance when facing potentially major upfront challenges as they invest into modernised food production. Such assistance should be delivered in ways that are equitable, to ensure poorer community members are not left behind.

## Mul'isa

Seenaa biyyattii yeroo hedduu beelaaf saaxilamtuu fi manca'insa gosa muka bosonaahir'isuu keessatti faayidaan haala tahuu dandahuu kanaa, nyaata gahaa uummataaf dhiyeessuu fi lubbuu qabeeyyin gosaa hedduutiif eegumsii akka godhamuu taasisaa. Kunniin faayidaa guddaa yoo ta'aan, garuu, faayidaan haala tahuu dandahuu kanaa akka yeroo dheeraadhaaf ittii fufuf tarkaanfiin si'aawaa tahee fi bulchiinsi cimaan ni barbaachisa. Keemikaala hedduutti fayyadamuuni fimukeewwan hedduu lafa qonnaa irraa ciruun dhiqama biyyeetiif ni saaxilaa. Kanaafuu, itti fayyadamni mala kunuunsaa, too'annuu fi eegumsa qabeenya uumamaa barbaachisaadha. Kanas gochuf akka fakkenyaatti -mala xaa'oo kompostii akkataa barbaachisumma isaanitti fayyadamuun gaarii dha. Dabalataanis, qonnaan bultoota human cimaa hin qabnef gargarani akka isaan qonna hammayessurra fayyadamo tahan gochuf, ijaarsi dandeettii gama deeggarsaa maallaqaa fi teekinikaa kennuun murteessaa dha. Gargaarsi akkanaa kunis haala walqixxaa fi loogi hinqabneen tahhee namonin harka qalleyyi tahan bodatti akka hin hafneef gargaara.



# Chapter 7



## SYNTHESIS AND RECOMMENDATIONS

# Boqonnaa 7



## YAADA XINXALAA FI DHAAMSA GOOLABAA

# Chapter 7

## Synthesis and recommendations

We introduced four different scenarios for the future of southwestern Ethiopia, which span a broad range of plausible future development trajectories. In summary, the scenario "Gain over grain: local cash crops" describes a future that prioritises smallholder commercialisation around the commodities coffee, khat and fast-growing tree species. This scenario has possible benefits for incomes but may have undesirable social and environmental consequences. The scenario "Mining green gold: coffee investors" outlines what the future might be like if intensive coffee plantations by external investors dominate the region – this would have potential benefits for the national trade balance, but there is a high risk that local communities would not benefit from this economic development. The scenario "Coffee and conservation: a biosphere reserve" balances social, economic and environmental priorities, in pursuit of long-term sustainable and equitable development. A possible downside of this scenario is that the economic benefits of this development trajectory may not be instantaneous. Finally, the scenario "Food first: intensive farming and forest protection" envisages smallholders practising intensified agriculture. This could provide surplus food for

# Boqonnaa 7

## Yaada xinxalaa fi dhaamsa goolabaa

Egeree kibba lixa Itiyoophiyaatiif karaa amansiisaa ta'een haala tahuu dandahan afur kallatti misoomaa fi guddina fulduratti muldhachuuf jiru agarsiisandhiyeessinee jirra. Akka walii galaattii, haalli tahuu dandahu "Midhaan irra Bu'aa Maallaqa dursuu: Oomisha midhaan Galii" jedhu kan agarsiisu gara fulduraatti xiyyeffanno fi fulleffannoon qonnaan bultoota naannoo kanaa oomisha midhaan galii argamsiisan kannen akka buna, jimaa, akkasumas akaakuu biqiltuu dafanii biqilaanii irratti akka tahe agarsiisa. Haala tahuu dandahu kun bu'aa qabatamaa galii maallaqaa uummataaf argamsiisuu ni dandaha. Haata'u malee rakkoowwan dhiibbaa gama hawwaasummaa fi eegumsa naannos ni fida. Hala tahuu dandahu "Warqee Magariisa Baasuu: Abbootii Qabeenyaa Bunaa" kun immoo yoo investarootni bunaa bakka biraadhaa dhufanii dhunfatanii asitti investi godhan fuldurri yokaan egereen naannoo kanaa maal akka fakkaachuu dandahu mul'isa. Haalli kun keessattu galii sharafa biyya alaa argamsiisuun guddina dinagdee biyyaaf faayidaa ni qabaata, haata'u garuu, uummanni fi jiraatonni naanno kanaa guddina dinagdee kana irraa kallattin fayyadamoo hin ta'ani. Haala tahuu dandahu "Bunaa fi eegumsa naannoo: lubbu qabeeyyii daangessanii tursiisuu" kun

the nation, but entails an increased risk of land degradation.

While each scenario has its own specific opportunities, risks and implications – as outlined in the previous chapters – some considerations arise that would be beneficial in all instances, no matter which precise development trajectory eventuates. This is important, because most likely, the future will not turn out to be exactly one of the four scenarios we described, but will include a mixture of elements from different scenarios. We therefore provide the following recommendations not as an exhaustive list of considerations, but as a starting point for further discussion



bu'aa walqixxaataa, yeroo dheeraa fi walitti fufinsa qabu argamsiisun faayidaa fi xiyyeefanno hawwaasummaa, dinagdee fi eegumsa naannoo haala walmadaaleen eegsisa. Haata'u garuu guddinni diinagdee haala tahuu dandahuu kanaa saffisaa tahuu dhiisu ni mala. Dhumarratti, haala tahuu malu "Dursii Soorata: Haalaan qotuu fi eeggumsaa bosonaa" kun qonnaan bultoonni mala qonnaa ammayaahe akka fayyadamiif daandii bana. Haali tahuu dandahu kun omisha gahaa omishuudhaan wabii nyaataa biyyattii mirkaneessuf ni gargaara, haa tah'u garuu, dhiqama biyyeef ni saaxila.

Akkuma armaan olitti ibsame, haala tahuu dandahu tokkon tokkon isaanii carraa fidan, soda fi mul'isa mataa isaanii qabataniyyu, xiyyefannon tokko tokko haala tahuu dandahu hundumaa keessatti barbaachisaa kan tahan jiru. Hala tahuu dandahu kamiyyu yoo hojiirra oole, xiyyeffannon waloo ni jiraata. Kun immo heeddu barbaachisaa dha, sababnii isaas, egereen yokaan fuldurri naannoo kanaa dhibbaa dhibbatti haala tahu dandahu afran keessaa inni tokko qofaan mul'achu dhiisu ni mala. Irra caalaatti haloota tahuu dandahan afran keessaayyu hanga tokko walmakanii mul'achu ni malu. Kanaaf, qabxilewwan armaan gadii kun hala tahuu dandahu kamiyyu keessatti barbaachisaa warra tahanii fi akkasumas marii qooda fudhattota giddutti kakaasuf kannen akka yaada ka'umsatti ni fayyadu jenne dhaamsa ijoo armaan gadii dhiyessineerra. Dhu-

among stakeholders. In addition to the specific implications outlined in the previous chapters, we recommend the following:

1. *Treasure and protect the unique biodiversity hotspot in Ethiopia's southwest.* The Afromontane forests of southwestern Ethiopia are internationally recognised as a biodiversity hotspot. As such, they are a resource that is of global significance. They are also a source of national pride and the source of traditional local livelihoods, including coffee production. The protection of the remaining natural and semi-natural forest patches should be a high priority.

2. *Intensify farming via modern organic and agroecological methods.* Against a context of land scarcity, increasing the agricultural yields of smallholder farmers can help to ensure future food security. However, agrochemical-based intensification can harm soils and other parts of the environment, and input dependency can cause economic problems for less wealthy farmers. Agroecological intensification methods such as the use of compost and manure therefore should receive greater attention in the future.

3. *Integrate cash crop and food crop production.* Cash crops can be beneficial to generate income, but for most households, growing a diversity of their own crops remains the

maratti, dhaamsa ijoo tokkon tokkon halaa tahuu dandahan afran arman olii jalatti kan ibsineen alatti dhamsa ijoo armaan gadii keenyera:

1. *Lubbu qabeeyyiwwan adda addaa kanneen Kibba Lixa Itiyoophiyaattii argaman sirnaan eegaa ti irraa fayyadamaa.* Bosonni naannoo kibba lixa Itiyoophiyaatti argamu mandhee hortee lubbu qabeeyyii gosa adda adda tahuun sadarkaa addunyaatti beekamtiin kennameefira. Kanaaf, qabeenyi kun qabeenya sadarkaa addunyaatti barbaachisummaa fi faayidaa qaba. Dabalataanis qabenyi kun badhaadhina biyyattin ittin boontuu fi akkasumas oomishaa bunaa dabalatee madda jiruuf jireenya uummatta naannoti. Kanaaf, kunuunsii fi eegumsi qabeenyaa umaamaa fi gartokkenuumama ta'aan kanaa xiyyeffanno jalqabaa kennamuufi qabata.

2. *Mala qonnaa Orgaanikii (keemikaale kan hin qabne) ta'ee fi haala kunuunsa naannoo waliin walsimateen qonna hammayyessaa.* Hanqina lafa qonnaa irra aanuuf omishaa fi omishtummaa dabaluun gara fulduraaf wabii nyaataa mirkaneessuf barbaachisaa dha. Haata'u malee garuu, keemikaalota qonnaa fayyadamanii qonna hammayyeessuun biyyee fi haala naannoo midhaa ni geesisaa, callaa guddiftuu irrattii hirkatamummaa uumuun diinagdee qonnan bultoota harka qalleyyi irratti miidhaa ni fida. Sababa kanaaf malli qonnaa haala naannoo wajjin walsimate kan akka itti fayyadama kompostii fi dikee

fundamental basis of their food security. It therefore makes sense to enhance cash crop production in addition to a diversity of food crops, not as a replacement.

4. *Build local capacity and awareness via outreach programs.* Many partial solutions to sustainable development already exist, but local communities may not be implementing these solutions. Building awareness and capacity within the community and within government offices therefore is an important priority.

5. *Bring together multiple stakeholders when working towards a better future.* Anyone who can affect an important decision, or is affected by it, should be considered a relevant stakeholder. Development trajectories are shaped by many stakeholders, and have a big effect on local communities. Stakeholders such as policy makers, non-government experts and local people should find ways to work together.

6. *Draw on the strengths of local communities.* Nobody knows the conditions in a particular locality better than the people who live there. Local communities can provide important insights regarding the likely viability of different development ideas. It is vital to see local communities not only as recipients of knowledge, but also as sources of local experience and wisdom.

fayyadamuun xiyyeeffannoo guddaa argamchu qaba.

3. *Midhaan nyaataa fi midhaan galii waliwajjin oomisha.* Midhaan galii oomishuun madda galii ta'uudhaan heeddu fayyada. Haata'u malee garuu maatii hedduuf oomisha adda addaa ofii isaanif oomishuun bu'uura wabii nyaataa isaanii ti. Kanaaf midhaan nyaataa oomishuun cinatti midhaan galiis oomishuu wayya malee omishni midhaan nyaataa isa kaaniin bakka bu'uu hin qabaatu.

4. *Sagantaawwan hundaa biraa gahuun qiindessun dandeettii fi hubannoo hawaasaa cimsuu.* Furmaanni adda addaa (guutuu tahuu baatanis) kan misoona walitti fufaa tahee fidan hojiira olaa jiru. Haata'u malee garuu uummanni naannoo sana hojiitti hiikaa hin jirani. Malli cinaadhaan faayidaa kennuu danda'uu hojii irraa oole jiraa. Hawaasni naannoo mala kanattii fayyadamuu dhabuu ni mala. Kanaaf dandeetti fi hubannoo hawaasaafi hojjettota wajjiraalee mootummaa keessatti hojjettaniif dandeetti fi hubanno isaanii cimsuun barbaachisaa dha.

5. *Jijjirama barbaachisa fulduratti fiduuf hirmaannaan qooda fudhatoota hunda murteessaa dha.* Qaamni kamiyyu kan murtoowwan jiran murteessu yokaan murtoo murtaayeen kan miidhamu (Fayyadamu) adeemsa misoonaa keessatti sirnaan hirmaachu qaba. Kamiyyuu kan murtii kennamu irrattii gahee taphatuu

7. *Ensure that everyone benefits from development.* Truly sustainable development must benefit both wealthy and less wealthy households, and should empower both men and women.

8. *Intensify efforts to slow down population growth.* With land scarcity already a major problem, efforts to slow down population growth should not be delayed. Culturally and religiously appropriate means of family planning, as well as secondary education for women, are widely proven as effective means to reduce *family sizes.*



yookan murtiidhan tuqamuu danda'uu hundii isaa abbatii gahee jedhama. Jijjiramni gama misoomaan dhufu hundi qooda fudhatootaan kan murteeffamu namoota naannoo heeddu irraan dhiibbaa qaba. Qooda fudhattotni kanneen akka warra seera tuman, miti-mootuumaa fi jiraatonni naannoo haala akkamiin akka waliin hojjetan mariidhaan murtessu qabu.

6. *Ciminna hawaasaa irrattii amanu.* Eenyullee hawaasaa naannoo sana jiraatu malee haala jireenyaa isaani beekuu hin danda'uu. Hawaasni naannoo yaada misoomaa barbaachisaa ta'uu danda'an dhiyeessuu ni malu. Kanaaf hawaasaa naannoo akka naamoota beekumsaa kennamuuf qabu qofaa osoo hin ta'iin akka muuxannoo naannoo fi beekumsa qabanitti ilaaluun barbaachisaadha.

7. *Namni kamiyyuu misooma irraa fayyadamaa akka ta'an mirkaneessuu.* Misoomni ittii fufiiinsaa qabuu maatii hiyyeessaa fi maatii dureessa ta'aani fayyaduu qabata akkasumas dhiiraa fi dubartiillee qixxa angeessuun irraa eegamaa.

8. *Tooftaa baay'ina uummataa hir'isan ciminaan hojiirra oolchuu.* Hanqinni lafaa dursaan rakkoo ta'ee waan jiruuf yaaliin baay'ina ummataa ittiin hirdhisan yokaan to'atan ciminaan itti fufuu qaba. Gama aadaa fi amantaatiin tooftaa karoora maatii fudhatamaa tahe fi ijoollee dubartootaa barnoota

Finally, we note that no matter what happens, there are also global forces at work that are beyond any stakeholder's immediate control – the most notable ones being climate change and unpredictable fluctuations in global markets. Although these forces cannot be controlled, the above strategies will help to build resilience against unforeseen surprises. Moreover, some scenarios are particularly good for building long-term resilience, while others might provide rapid short-term benefits but potentially leave communities vulnerable in the longer term. Such considerations should be part of discussions about what kinds of development trajectories should be pursued.

In conclusion, we hope this small book can provide a stimulus for proactive thinking about the future of southwestern Ethiopia. There are many challenges ahead – but drawing on the ideas of people from all walks of life, there are also many opportunities to make the southwest one of Ethiopia's proudest and most beautiful places.



sadarkaa lammaffaa fi ol'aanaa barsiisuun tooftaa baay'inni uummataa ittin to'atan akka tahe mirkanaayeera.

Dhuma irratti, wanti nutti hubatamu qabu, wantoonni ciccimoon kan dandeettii, to'annoo fi human qooda fudhattotaan ol ta'ee akka addunyaatti akka jiruu hubachuun barbachisaa dha. Kaneen keessaa kan akka jijjirama qilleensaa, gatiin gabaa addunyaa tasgabbahu dhabuun rakko ciccimoo dha. Rakkowwan kana to'achuu yokaan furuu baatus, tooftaawwan armaan olitti ibsine kun dhiibbaawwan kanaa fi jijjiramoota otoo hin beekamiinii fi hin tilmaamamiin muudatan dandamachuuf heeddu murteesso dha. Dabalataanis, haala ta'uu dandahu gariin isaanii dandeetti dandamannaa yeroo dheeraa uumuudhaaf kan fayyadan yemmu tahu, gariin isaanii immoo faayidaa atattamaa yokaan yeroo gabaabaa kennuun rakkoo yeroo dheeraaf nama saaxilu. Yaadni akka kanaa kun yeroo mariin misooma akkamii fi daandii misoomaa kamiin hordofu qabna jedhamee mariyatamu xiinxala keessa galchuun murtessaa dha.

Xumuraa irratti, kitaabni xiqqaan kun marii egeree kibba lixaa Itiyoophiyaa akka taasifamuuf yaada ka'umsaa kenna jennee amanna. Rakkowwan hedduun fuuldura jiru, garuu, yaadaa fi muuxanno qooda fudhattota adda addaatti fayyadamuun naannoo kibba lixa biyyatti bakka hawwataa fi filatamaa Itiyoophiyaa gochuuf carraa heeddun ni jira.

# Acknowledgements

We thank all stakeholders who have been involved and contributed to this project through various group exercises and workshops. We particularly want to thank all local people for warmly welcoming us and for sharing with us their rich insights and knowledge. A special thanks goes to Dadi Feyisa Damu and Birhanu Bekele Negash, who helped to facilitate the group meetings and workshops for this project. We would also like to thank our colleagues Lennard Thale-Bombien, Kristoffer Hylander, Girma Shumi Dugo, Patrícia Rodrigues, Aisa Manlosa, Arvid Bergsten, Neil French Collier, Debissa Lemessa and Abebe Tufa, who helped with the organisation of the project and provided valuable insights. We are also grateful to the various other collaborators who assisted in the field or otherwise. Permits for this work were obtained from relevant authorities in Ethiopia. Our research was funded by a European Research Council Consolidator Grant to Joern Fischer. Finally, we would like to thank Moti Gurmessa for translating this book.





# Galata

Qooda fudhattota hunda isaanii kan maree fi workiishooppii, kadda addaairrattii hirmaachuun yaada nuuf kennan hundaan galateefachuu barbaanna. Hunda dursa namootaa naannoo sana jiraatan haala gaariidhaan nu simatanii beekumsa fi huubannoo isanii nuu qooddataniif galataa guddaa kennuufi barbaanna. Galannii addaa Daadhii Fayyisaa Damuu fi Birhaanuu Baqalaa Nagaash walgahii akka adeemsifnuufi workishooppii piroojeektii akka qopheesinuu waan nu gargaaraniif galataa guddaa dhiyeessuuf barbaannaa. Hojiimiiltoo keenyaa obbo Leenaard Taale-Boombeen, Kiristoofar Haayilaandar, Girmaa shuumii Dhugoo, patirishiyaa Roodirigas, Ayisa Maanlosaa, Arvid Bargistan, Niil Firenchi Kooliyer, Deebisaa Lammeessaa, fi Abbaba Fufaa gargaarsaa isaan piroojeektii irrattii nu godhaniifi yaada gaarii isaan nuuf dhiyeessaniif. Namoota gargaarsa dirree irrattii nuuf dhiyeessan hundaa isaani galateefachuu barbaannaa. Hojii qoranno kana adeemsisuuf eeyyama kan nuuf godhan mootumma Itiyoophiyaa akkasumas bulchinsa Naannoo Oromiyaa dhimmi ilaalatuu yoo ta’uu, gargaarssi maallaqaa Wirtuu qorannoo gamtaa Awurooppaa kan Joorni Fiishariif kenname irraa dha. Mootii Gurmeessaa kitaaaba kan hiikeef galateefachuu barbaannaa.

# Appendix

Schematic summary of the systems understanding underpinning the scenarios. Blue arrows represent enhancing effects (+), meaning that an increase (or a decrease) in one variable leads to an increase (or a decrease) in another variable. Red arrows represent reducing effects (-), meaning that an increase (or a decrease) in one variable leads to a decrease (or an increase) in another variable. This diagram only includes those variables and interactions that were mentioned consistently during the workshops with local experts.

# Miiltoo

Fakki sirna hubannoo waliigalaa kan haala tahuu dandahu irratti hundaa'an ibsa. Xiyyi cuquliifni walsimannaa yokaan hariiroo walfakkaataa jijjiiramoota lama giddu jiru agarsiisa (+). Kana jechuun, jijjiramni tokko yoo dabalu (Hir'atu) haaluma walfakkatuun jijjiramni inni biraanis akka dabalu (hir'ata) taasisa. Xiyyi diimaan bu'aa hir'achu agarsisuu (-). Kana jechuun, jijjiramni tokko yoo dabalu (Hir'atu) haala faallaa taheen jijjiramni inni kaan akka hir'atu (dabalu) tasáis. Fakkiin kun jijjiiramoota yeroo qooda fudhattota wajjin marii taasifnetti irra deddebiidhaan caqafaman qofa kan agarsiisu dha.



Labor market development
Cooperative functions
Coffee investors
Farmer specialisation & commercialisation
Market dependencies & uncertainties
Farmer training
Land tenure
Natural resource management
Modernised and high external input farming
Natural capital forest
Natural capital farmland
Income
Regional to international market
Cash crops (coffee & khat & eucalyptus) yield
Crop raiding
Traditional management & life
Infrastructure
Food from local markets
Climate change
Food crop yield
Participatory resource governance
Grazing land & livestock
Food security
Need to produce more food
Land scarcity & conflict
Migration & urbanisation
Women's participation
Population growth & density
Family planning
Crop & dietary diversity
Public services & access
Agricultural land expansion


Hojii uumuu fi babal’ina
Hojimaata hojii gamtaa
Investara bunaa
Qonna gabaan durfamu
Lenjii qonnaan bulaa
Qabiyye lafaa
Kununsa qabeenya uumamaa
Hirkattummaa haala gabaa
Mala qonnaa ammayyaahe
Qabeenya uumamaa lafa bosonaa
Galii
Gabaa biyyolessaa hanga adunyaa
Qabeenya uumamaa lafa qonnaa
Midhaan galii (buna, jimaa fi baargamoo)
Bu’uura misoomaa
Midhaan nyaataa gabaa naannoo
Jijjirama quilleensaa
Mala kunuunsaa fi jireenya aadaa
Manca’ina midhaan nyaataa bineenosota bosonaan qaqabu
Bulchinsa qabeenya uumamaa hirmaachisaa
Oomisha midhaan nyaataa
Lafa dheedichaa fi loowwan
Wabii nyaataa
Fedhii omisha midhaan nyaataa dabaluu
Hanqina lafaa fi walitti bu’insa
Godaansaa fi babal’achuu magaalaa
Hirmaannaa dubartootaa
Midhaani fi nyaata gosa adda addaa
Tajaajila hawaasaa fi fayyadamummaa
Babal’ina lafa qonnaa
Dabaluu baay’ina uummataa
Karoora maatii















Southwestern Ethiopia is a globally recognised biodiversity hotspot, the place of origin of coffee, and home to millions of smallholder farmers. Both the lives of these farmers and the natural environment in southwestern Ethiopia are rapidly changing. How can such change be navigated to ensure the best possible outcomes for both people and the environment? This small book is an invitation to envisage what the future might hold for southwestern Ethiopia, and how it can be shaped in such a way that it delivers the greatest benefits to Ethiopia and its people.

9 789546 429353

Kibbi Lixaa Itiyoophiyaa mandhee qabeenya hortee lubbu qabeeyyi adda addatiin sadarkaa adunyaatti beekamti argatee, bakka argama bunaa fi bakka jireenyaa qonnaan bultootta miliyoonaan lakkaawamaniiti. Halli jireenya uummataa fi akkasumas haalli naannoo uumamaa kibba lixa Itiyoophiyaa saffisaan jijjiiramaa jira. Halli jijjiramaa kun akkamiin xiinxalamee jijjiramni garafulduraatti dhufu jireenya uummataa fi haalla naanoo tiif bu'aa qabeessa gochuun dandahamaa? Kitaabni xiqqaan kun egereen kibba lixa Itiyoophiyaa maal fakkaachu dandahaa kan jedhuu fi egereen kunimmo haala akkamiin to'atamee bu'aa guddaa Itiyoophiyaa fi uummatasheef akka fidu gochuun danda'amaa gaaffii jedhuuf akka afferraatti kan djiyaate dha.